Hojiilee Misooma Barnootaa Naannoo Keenyaa Hojjetamanii fi Hojjetamaa Jiran

Hojii misooma barnootaa naannoo keenyaa milkeessuu keessatti kallattiinis ta'e al-kallattiin lammii misooma keessatti hirmaachuun oomishaa fi oomishtummaa guddisuu danda'u horachuu keessatti dhimmi gufuu guddaa ta'ee irratti hojjetamaa jiru dhimma qulqullina barnootaa mirkaneeffachuuti.

Hojiin qulqullina barnootaa mirkaneessuu hojiilee xiyyeeffannoon itti kennamuu fi dursa argachuu qaban keessaa isa tokko yoo ta'u galma gahiinsi hojii misooma barnootaa kan ittiin madaalamu barnoota qulqullinni isaa eegame kennuun lammii dorgomaa ta'ee beekumsa barbaachisaa gonfate qofadha. Kana milkeessuuf akka mootummaatti Paakeejiin Mirkaneeffannaa Qulqullina Barnootaa sagantaalee jaha ofkeessaa qabu bocamee erga hojiirra oolee bubbuleera. Haata'u malee hojii hanga ammaatti hojjetameen bu'aan jajjabeessaan kan galmaa'an ta'us, ammas kan nuhafan ta'uu sakatta'insaa fi qorannoo yeroo yerootti taasifameen wantoonni akka hanqinaati argaman jiraachuu agarsiisa.

Qabxiilee Muraasa Akka Rakkootti Mul'atan;

- Manneen barnootaa irra jireessi isaanii gara istandardiitti dhufuu dhabuu;
- Hoggansa manneen barnootaa haala istandardiidhaan ramadanii hojjechiisuu irratti qaawwaan mul'achuu;
- Galteewwan barnootaa irratti hanqinaaleewwaan tokko tokko mul'achuu;
- Hoggansi kutannoodhaan onneeffatee hojjechuu dhabuu fi hojii barnootaa akka hojii dabalataatti ilaaluu;
- Barsiisonni ogummaa barsiisummaan leenji'anii bahan dandeettiin barsiisummaa isaanii hanga isaanirraa barbaadamu deemuu dhabuu, akkasumas ogummaa isaanii irratti ofitti amantummaa dhabuu fi kkf;
- Caasaan barnootaa sadarkaa gadii jiru hojii barnootaa dagachuun hojii biroo irratti bobba'ee hojjechuu;

Rakkoowwan Kunneen Furuuf Hojiilee Hojjetamaa Jiran:

- Motummaan Naannoo Oromiyaa fi Biiroon Barnootaa Oromiyaa hojii misooma barnootaa irratti xiyyeeffachuun yeroo kamuu caalaatti barnoonni naannoo keenyaa kallattii barbaadameen akka milkaa'uuf hojjetaa jiraachuu

- Hooggansi mana barumsaa dandeettii, gahumsa ogummaa fi kutannoo jijjiirama agarsiisuu qabuun madaalamee akka ramadamu ta'ee akka hojjetu;
- Barsiisota ogummaa barsiisummaa irratti bobba'anii jiraniif qorumsa ogummaa barsiisummaa kennuun barsiisota ogummaa isaaniirratti gahumsa qaban adda baasuun; waraqaa ragaa kennuun ogummaa isaaniin cimanii lammii akka qaran gochuun hojjechuu;
- Manneen barnootaa gara istandardiitti akka dhufaniif haal-duree tokko malee hojjechuu;
- Kitaabilee barnootaa 1:1 waliin gahuuf keessattuu bara barnootaa 2013tti qaqqabsiisuuf hojii maxxansaa keessa galamee jiraachuu;
- Bara barnootaa 2013tti manneen barnootaa hundi haala istandardiidhaan hojii baruu fi barsiisuu akka gaggeessaniif hojii bal'aan hojjetamaa jiraachuu;
- Manneen barnootaa sad. 1ffaa keessatti 50% dubartootaan akka hoogganamu gochuuf hojjechuu;
- Hooggansi barnootaa hojii duula keessaa bahuun hojii barnootaa qofa irratti akka xiyyeeffatu gochuu .
- Hawaasni abbummaan hojii barnootaa akka hojii ijoo isaatti ilaalee akka hoogganu gochuu fi rakkoo manneen barnootaa keessatti mul'atu abbummaan irratti hirmaatee akka furu gochuuf sosochii hawaasaa bal'aa ta'e hojjechuu;

Barnoota Bara 2012

Hojiin barnootaa bara 2012 barsisota kuma dhibba lamaa olii fi barattoota mil.10 ol ta'aniin hojii baruu fi barsiisuu eegaluun hanga seemisteera duraatti haala gaariin itti fufee ture. Hojiin baruu fi barsiisuu seemisteera 2ffaa jalqabee baatii Bitootessaa gara jalqabaa sababa weerara vaayirasii koronaa (COVID-19) biyya keenya mudateen manneen barnootaa akka biyyaatti cufamanii turuun isaanii ni yaadatama. Biiroon Barnootaa Oromiyaa manneen barnootaa cufamanis barattoonni vaayirasii koronaa irraa ofeegaa barnoota isaanii manatti akka hordofaniif karaa gara garaa qaqqabamaa gochaa tureera.

Haaluma kanaan, Biiroon Barnootaa Oromiyaa barattoonni **COVID-19** irraa ofeeggannoo gochaa barnoota isaanii akka hordofaniif filannoo adda addaan mana manatti barnoota qaqqabamaa taasisaa turee jira.

Barnoonni Karaa Itti Qaqqabmaa Ta'an

- Mojuulota soft copy fi Hard copy karaa ogeessotaan qopheessuun barattoonni akka dubbisan gochuu
- **Miidiyaalee adda addaatti fayyadamuun;**
  - ✓ Karaa OBN saatalaayitii barnootaa haaraan tatamsa'aa tureera.
  - ✓ Buufataalee Barnoota Naannoo keenyaa
  - ✓ Barattoota kutaa 7 fi 8f barannoo barannoodhaan adda baasuun muujuloota ogeessotaan qopheessuun barnoota karaa OBN sa'aatii 8-10tti tamsaasaa turuu;
  - ✓ Karaa Telegarm BBO
  - ✓ Karaa Facebook BBO
  - ✓ Web-site BBO barnoonni mana manatti qaqqabamaa akka taasifamuuf hojiilee bal'aan hojjetamaa turee jira.
  - ✓ Dabaltaanis hawaasni barnootaa hundi odeeffannoo wayitawaa fi haqa qabeessa ta'e akka argatuuf beeksisoota gara gara hojjechiisuun himaa turuu fi odeeffannoon gama barnootaan jiru hawaasa barnootaa maraan akka gahuuf hojjetamaa turrera, hojjetamaas jira.

Hojiiwwan Fakkeenyummaan Hojjetamaa Jiran

1. **Dhimma Daree Dabalataan Walqabatu**

Biiroon Barnootaa Oromiyaa Weerara Vaayirasii koronaa ittisuu fi istaandardii manneen barnootaa guutuuf qophii hojii barnootaa ganna keessa taasiseen mootummaan naannoos xiyyeeffannoo guddaa kennuun daree dabalataa **30,000** ol manneen barnootaa hunda keessatti hirmaannaa ummataa bal'aa taasisuun hojjechaa tureera, ammas hojjechaa jira. Hojiin kun bishaanii fi mana fincaanii akka qabaatus taasifamee hojjetamaa jira.

2. **Manneen Barnootaa Addaa / Non boarding schools/**

Oromiyaan barattoota qaxaleewwan akka biyyaa fi Addunyaatti dorgomtoota ta'an horachuuf dhaabbilee barnootaa olaanoo naannoo keenya keessa jiran waliin ta'uun bara barnootaa 2013tti manneen barnootaa bultii addaa /non boarding schools/ torba (7) ta'an akka naannoo keenyaatti ijaarsisuuf karoorri qabameefii hojii keessa galamee jira.

3. **Sirna Kitaabilee Walitti Qabuu:**

Akka naannoo Oromiyaatti dhaloota aadaa dubbisaa gonfachuun beekumsa ittiin waa kalaquu danda'u horachuuf, akkasumas dhalootni gaafataan akka uumamuu fi beekumsa gabbifachuu danda'u akka naannoo Oromiyaatti horachuuf Biiroon Barnootaa Oromiyaa sirna kitaaba walitti qabuu Hagayya 14/2012 ifatti labsuun waamicha lammiileef taasifameen dhaabbilee mootummaa irraa kaasee hanga namoota dhuunfaatti kitaabileen manneen barnootaa keenyaa fi sammuu barattootaa gabbisuu fi misoomsuu danda'an guyyaa tokkotti hanga kitaabilee **400,000** walitti qabuun danda'amee jira. Kun hojii guyyaa tokkotti hojjetame yammuu ta'u turban lama keessatti kitaabilee **800,000tti** siqu sassaabuun danda'amee jira. Karoorri qabamee jiru kitaabilee .mil.tokkoo ol walitti qabuu yoo ta'u akka biiroo barnootaatti hojii fakkeenyummaa guddaa qabudha jechuun ni danda'ama. Hojiin Kitaabilee walitti qabuu kunis Godinaalee fi Bulchiinsa Magaalotaa irratti cimee itti fufee jira.

4. **Mana dubbisaa manneen Barnootaa Fi Kan Ummataa (Public Library)**

Hojiin xiyyeeffannoon ganna kana keessa hojjetamaa ture keessaa tokko mana dubbisaa manneen barnootaa fi kan ummataa magaalota keessatti hoojetamaa jiruuti. Manneen dubbisaa kanneeniif kitaabileen kan walitti qabamaa jiran yoo ta'u, ijaarsi manneen dubbisaa kanneenii hirmaannaa ummataa ho'aa ta'ee fi kan ummataa magaalota keesatti ijaaramanis qindoomina seektaroota mootummaa fi caasaa sadarkaa sadarkaan jiraniin kan deeggaraman ta'u. Hojiin kun

hojii sammuu ilma namaa misoomsuuti waan ta'eef; sammuun namaa beekumsaan yoo misoome immoo guddina biyyaas ariifachiisuu danda'a.

5. **Hojiilee Hirmaannaa Hawaasaan Hojjetaman**

Hojiin misooma barnootaa milkeessuu hojii qaama tokkoo fi seektara tokkoon hojjetame galma gahu miti. Keessattuu hojiin hirmaannaan hawaasaa keessa hin jirre milkeessuun rakkoo guddaa ta'a. Hirmaannaan hawaasaa naannoo keenyaa hojii barnootaa abbummaan hoogganee, Deeggaree, Qarshii fi humna isaa osoo hin qusatiin manneen barnootaa naannoo keenya keessatti argaman hunda keessatti haamlee guddaadhaan cinaa dhaabbatee shoora isarraa eegamu bahataa jira. Kanumaan wal-qabatee qophii hojii barnootaa bara 2013f taasifamu keessatti hirmaannaa ummanni keenya taasisaa jiru baayyee guddaadha. Qophii taasifamu keessatti deeggarsi hawaasni gochuu qabu karooraan qabamee jiru **Walumatti Qr. 1,100,000,000** (Biiliyoona tokkoo ol) yammuu ta'u; raawwii hanga ammaatti jiruun;

- Deeggarsa Humnaan taasifame Qr. 36,136,664.00
- Meeshaadhaan Qr. 167, 946,910.82
- Qarshii callaan 314,679,695.13

Walumatti Qr. <u>618,763,269.61</u> walitti qabuun hojiin hojjetamaa jira.

Baasii armaan olitti tarreeffameen hojiileen manneen barnootaa keessatti hojjetaman;

1. Dallaa mana barumsaa ijaaruu fi suphuu;
2. Daree barnootaa dabalataan ijaaruu fi kan dulloome ammoo suphuun haaromsuu

3. Mana fincaanii haaraa ijaaruu fi kan dulloome suphuu;
4. Bishaan mana barumsaaf galchuu;
5. Mana dubbisa kitaabaa ijaaruu;
6. Ibsaan mana barmsaaf akka galu gochuu;
7. Teessoon barataa akka guutu gochuu;
8. Mana jireenyaa barsiisotaa ijaaruu fi kan dulloomme suphuun

Hojii boonsaa hawaasni keenya hojjetaa jiru yeroodhaa yerootti fooyyee guddaa agarrsiisaa jira. Kun ammoo milkaa'ina mirkaneeffannaa qulqullina barnootaa fi manneen barnootaa gara istandaardiitti fiduuf haala mijataa uuma. Kanaaf hojii fakkeenyummaa ummanni keenya hojjetaa jiru Biiroon Barnootaas galata guddaa qaba.